STAY SAFE MN

TALAALLII COVID-19 BU'UURA

Talaalliiwwan COVID-19 miidhaa-maleeyyiidha, ni hojjetus.

Talaalliin kan saxaxame dhukkuba ittisuufi dha. Talaalliiwwan COVID-19 qaama keessaniif akkamitti akka vaayirasii COVID-19 adda baafatu fi waraanu himu. Talaalliiwwan COVID-19 isiniif COVID-19 kennuu hin danda'u. Talaalliiwwan COVID-19 dhukkuba COVID-19 irraa isin eeguudhaan baayyee gaarii dha. Erga talaallii fudhattan booda yoo COVID-19 dhukkubsattan, isin baayyee dhukkubsachuuf ykn gara hospitaalatti deemuuf tarii carraan xiqqoo ta'a.

Talaalliiwwan COVID-19 itti fayyadama yeroo hatattamaatiif hayyamamuu isaaniitiin dura gareewwan garaa garaa irratti of eeggannoodhaan yaalaman. Gurraachonni, Laatiiniksiin, Indiyaanonni Ameerikaa, fi namoonni Eeshiyaa kumaatamoonni kudhan qo'annoowwan talaallii Pfizer, Moderna, fi Johnson & Johnson keessatti hirmaatanii jiru. Hawaasonni kunniin, hawaasota keenya kanneen qaamni isaanii hir'uu fi saala walfakkaatanii wajjin walquunnamtii saalaa raawwatan (LGBTQ+) waliin, yeroo hedduu faayidaalee daawaa dhowwatamu garuu loogii sanyummaa seenaan yaadatu, miidhaa wal'aansaa, akkasumas gara jabina itti fufaa keessa darbu. Sababoonni kunniin dhiibbaa COVID-19 hawaasota kanniin irratti qabu badduu baasanii barbaachisummaa talaallichu hojjechuu fi hundaaf miidhaa dhabuu isaa cimsanii agarsiisu. Sababa kanaafi dha qorattoonni wal'aansaa erga talaalliiwwan kunniin uummata bal'aa keessatti dhimma itti ba'amanii boodayyuu midhaa dhabeessummaa talaalliiwwan kanniinii to'achuu kan itti fufafaniif.

Talaallii COVID-19 fudhachuun maalif sirra jiraata?

- **COVID-19** irraa of eegi.
- **Hawaasa kee gargaari.** Hojiin, manneen barnootaa fi akkeewwan biroo akka banaman gargaari.
- **Talaalliin kuni** namoota kamiifu BILISA DHA. Inshuraansii fii haalli baqattummaa hin ilaalamu.
- **Weerarichaa xumurarraan ga'uuf nu fayyada.**

Eenyutu talaallii fudhachuu danda'a

Jiraattonni Minnesota gareewwan umurii hayyamamaa keessa jiran hundi talaallii COVID-19 fudhachuuf ulaagaa ni guutu. Kun namoota rakkoolee fayyaa qaban, kanneen kanaan dura COVID-19n qabaman, kanneen umuriin, sanyii fi qomoon isaanii garaa garaa dabalata. Dubartootni ulfaa fi namoonni sirnawwan ittisa isaanii dadhabaa ta'e talaalamuu qabu. Gaaffii yoo qabaattan doktora keessan dubbisaa.

Beellama qabachuu irratti gorsa argachuuf Karaawwan Ittiin Talaallii COVID-19 Argatan (www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/vaccine/findvax.pdf daawwadhaa.

TALAALLIIN KAN HIN QABNE:

- Tursiistuu
- Omishoota booyyee yookan gelatin
- Buuphaa
- Vaayirasii COVID-19 kan lubbuun jiru

Talaallii yoo fudhattu maaltu sirraa eeggama

- Namoonni talaallii kennuudhaaf leenji'an adeemsa isaa isinitti agarsiisu, balaa inni qabaachuu malu ykn miidhaa maddee ni mariisisu, akkasumas gaaffiiwwaniif deebii kennu.
- Talaalliiwwan COVID-19 tokko tokkoof ittisa horachuudhaaf dooziiwwan lama fudhachuu qabdu. Talaallii Johnson & Johnson yoo fudhattan, doozii tokko qofa isin barbaachisa.
    - ◊ Namoonni tokko tokko rakkoolee sirna ittisa isaanii dadhabsiisu wayii yoo qabaatan doozii sadaffaa COVID-19 isaan barbaachisuu mala.
    - ◊ Namoonni tokko tokko ammoo doozii dabalataa humneessituu jedhamtu isaan barbaachisuu mala.
- Namni talaallicha isinii kennu dooziiwwan meeqa akka isin barbaachisuu fi yoom akka fudhachuu qabdan isinitti himuu danda'a.
- Talaallii erga fudhattee booda dhiibbaan kamiiyyuu sirra jiraachuu fii dhabuu isaa ni ilaalamta.
- Talaallii keessan yeroo fudhattan kaardii talaallii ni fudhatu. Kuni talaallii akaakuu kam akka fudhattan irratti qaba.
- Talaallii fudhachuun fedhii keeti.

MIIDHAA MASOO

Namootni muraasni erga talaallii fudhatanii booda miidhaa masoo agarsiisu. Miidhaawwan masoo baayyinaan guyyaa tokkoo hanga lamaa kan turanii fii hojii kee irraa sin ittisneedha. Tarii wantootmi sitti dhagahamuu malan:

- Rreen laalachuu
- Dhukkubbii maashaa
- Dhadhabbii
- Dhukkubbii mataa
- Hoo'a/qabbana

Yoo mallattoo cimaa qabaatte, gara hospitaalaa deemi yookan immoo 911 irratti bilbili.

Ofii kee fii namoota sitti dhiyaaniifis eeggumsa taasisi

Doozii talaallii keessanii isa dhumaa erga fudhattanii torban lama booda (talaallii abbaa doozii lamaa keessatti doozii isa lammaffaa ykn abbaa doozii tokkoo keessatti doozii isa tokkoffaa), guutummaatti akka talaalamtanitti lakkaa'amtu. Tatamsa'ina COVID-19 hir'isuuf qajeelfama fayyaa ummataa yeroo ammaa hordofuu itti fufuun barbaachisaadha. Hanga guutummaatti talaalamtutti:

- Maaskii uffadhu.
- Harka kee dhiqadhu.
- Namoota biroo irraa faana 6 fagaadhu.
- Yoo dhukkubsatte mana turi.

MINNESOTA

mn.gov/vaccine

Minnesota Department of Health | health.mn.gov | 651-201-5000 | 625 Robert Street North PO Box 64975, St. Paul, MN 55164-0975
Bifa biraatin gaafachuuf health.communications@state.mn.us qunnami. (Oromo)

9/27/2021